# Odeeffannoo Dhukkuba Tiruu Heeppitaayitis B Namoota Ulfaaf

## Dhukkubni tiruu ykn heeppitayitis B maali?

- Heeppitaayitis B n dhukkuba tiruu sababa vaayiresiitiin namatti dhufu dha. Namoota heppitaayitis B'n qabamaniif, vaayireesichi qaama isaanii keessa turuun, dhukkuba jireenya isaanii guutuu itti uuma.
- Heeppitaayitis B'n yeroo keessa rakkoo fayyaa baay'ee ulfaataa uumuu danda'a, kunis miidhaa tiruu, dadhabbii tiruu, fi kaanserii tiruu fa'a dabalata.
- Namoonni heppataayitis B qaban hedduun mallattoo hin agarsiisan akkasumallee qabaachuu isaanii beekuu dhiisuu malu, garuu immooo kanneen birootti dabarsuu danda'u.
- Namoonni ulfi yeroo ulfaa kamittiyyuu heppatayitis B f qoratamuu qabu.

## Namoonni ulfi maaliif qoratamuu qabu?

- Namni ulfa ta'e heeppitaayit B n dhiiga keessatti yoo argame, daa'imni isaanii battala dhalatetti yaalamuu qaba. Daa'imman battala dhalatanitti yaalaman carraan heeppataayit B tiin qabamuu isaanii hedduu dhiphaadha.
- Yeroo daa'imni heeppaataayit B'n faalamu, carraan infeekshinii jireenya isaanii guutuu isaan waliin turu guddifachuu isaanii bal'aadha.

## Yoo ulfa taatee hepataayitis B qabaatte maal gochuu qabda?

- Infeekshinii hepataayitis B kee akkamiin to'achuu akka qabdu ilaalchisee dhiheessaa kunuunsa fayyaa kee mariisisi.
- Yaaliin carraa heppaataayitis B gara daa'ima keetti dabarsuu hir'isu ni jira.

## Daa'ima kee dhukkubichaan faalamuu irraa akkamiin eeguu dandeessa?

- Heppataayitis B qabaachuu kee yoo hin beekne, dhiheessaan kee qorannoo dhiigaa heppataayitis B akka siif ajaju gaafadhu.
- Qoratamtee heppataayitis B irraa bilisa yoo taate, waa'ee talaallii heeppataayitis B dhiheessaa kee gaafadhu.
- Qoratamtee heppaataayitis B qabaachuun kee yoo mirkanaa'e, daa'imni kee yaalaa fi hordoffii barbaada:
  - Dhaloota booda daa'imni kee doozii jalqabaa marsaa talaallii fi giloobiyuuliinii ittisa heppataayit B (HBIG) ni fudhata.
  - Daa'imni kee marsaawwan talaallii heppataayitis B hunda xumuruu qaba.
  - Marsaa talaalliin booda, dooktoriin daa'imni kee heppataayitis B irraa eegamuu isaa mirkaneeffachuuf jecha dhiiga isaa ni fuudha.
- Heppataayitis B yoo qabaatte illee harma hoosisuun rakkoo hin qabu.



Minnesota Department of Health
Perinatal Hepatitis B Program
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-5414, 1-877-676-5414
www.health.state.mn.us/hepatitis

01/31/2023

*Odeeffannoo kana bifa birootiin argachuuf, lakkoofsa armaan gadii irratti bilbilaa: 651-201-5414.*